Iisaan (Iyyasuus)-(Nageenyi isarratti haa jiraatu)

Eenyuu?

Dhuguma inni gooftadhaa? Ykn ilma gooftaatii?

Eenyutu yeroo jalqabaatiif Iyyasuus gooftaadha ykn ilma gooftaati jedhee? Fi gaafile biroo kitaaba kana keessatti ni argattu.

Qophii:

Sammubani.com

Qabiyyee

Seenaa Nabii Iisaa fi Haadha isaa 3

Iisaan (Iyyasuus) siree daa'imummaa keessaa yommuu dubbatu 6

Dhugaan Yommuu Ifa bahu 6

Iisaan gara Samii Ol-Fuudhamuu 9

Eenyutu yeroo jalqabaatif "Iisaan (Iyyasuus) ilma waaqayyooti (gooftaati)" jedhe ree? 12

Iyyasuus (nageenyi isarratti haa jiraatu) gooftaas miti ilma Gooftaatis miti 15

Ragaalee Iisaan (aleyh salaam) itti bu'uu Agarsiisan 18

Maaliif Iisaan qofti akka bu'uu fi nabiyyiin biraa akka hin buune godhamee? 21

Guduunfaa 22

Adabbii Namoota, "Iisaan (Iyyasuus) gooftaadha ykn ilma Gooftaati" jedhanii 25

Kiristaanota waliin Falmuu 28

Seenaa Nabii Iisaa fi Haadha isaa

Alhamdulillahi Rabbil aalamiin. Rabbii Tokkicha ta'e hanqinna hunda irraa qulqullaa'eef galanni haa galu. Inni Tokkicha hin dhalle, dhalanne, ilmoo Kan hin qabneedha. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿قُلۡ هُوَ ٱللَّهُ أَحَدٌ ۝١ ٱللَّهُ ٱلصَّمَدُ ۝٢ لَمۡ يَلِدۡ وَلَمۡ يُولَدۡ ۝٣ وَلَمۡ يَكُن لَّهُۥ كُفُوًا أَحَدُۢ ۝٤﴾

"Jedhi "Inni Allaah dha, Tokkicha"
Rabbii Of danda'aa hirkoo waa hundaati.
Hin dhalle hin dhalannes.
Qixxaatan (fakkaatan) tokkollee Isaaf hin jiru." Suuratu Al-Ikhlaas 112:1-4

Iisaan (Iyyasuus) nabiyyi kabajamaa fi sadarkaa guddaa qabuudha. Rabbiin haala addaatiin akka dhalatu isa taasise. Haati isaa Mariyam amala gaarii fi toltu hojjachuun beekkamti. Mariyam mana amantiin beekkame keessatti tan dhalattee fi xiqqeenya irraa jalqabuun ibaada irratti tan guddatteedha. Kana jechuun iddoo eenyullee ishiitti hin seenetti Rabbiin gabbarti. Nabii Zakariyaan (aleyh salaam) nama ishii kunuunsu fi guddisuudha. Yommuu haala ishii ilaaluf ishiitti seenu firaafiree garagaraa ishii biratti arga. "Kuni eessaa siif dhufaa?" jechuun gaafata. Ishiiniis, "Kuni Rabbiin biraayyi. Rabbiin nama fedhe herreega (hisaaba) malee soora." Jettin. (Ilaali Qur'aana, suuratu Aali-Imraan 3:37)

Mariyam guddattee umri shamarrummaa erga geesse booda gammachisni ilma argachuu ni dhufeef. Malaykaan Jibriil (Gabra'el) itti dhufuun ilma maqaan isaa "Iisaa" jedhamuun ishii gammachiise. Mariyamis osoo dhiirri na hin tuqin akkamitti ilma argadha jechuun gaafatte. Qur'aanni akkana jechuun nutti hima:

﴿قَالَتۡ رَبِّ أَنَّىٰ يَكُونُ لِي وَلَدٞ وَلَمۡ يَمۡسَسۡنِي بَشَرٞۖ قَالَ كَذَٰلِكِ ٱللَّهُ يَخۡلُقُ مَا يَشَآءُۚ إِذَا قَضَىٰٓ أَمۡرٗا فَإِنَّمَا يَقُولُ لَهُۥ كُن فَيَكُونُ ٤٧﴾

"**[Mariyamis] "Yaa Gooftaa kiyya! Osoo namni tokkollee na hin tuqne akkamitti ilmi naaf argamaa?" jette. Innis ni jedhe,"Akka kanatti Rabbiin**

waan fedhe uuma. Inni yeroo waan tokko murteessu, "Ta'i" qofa isaan jedha; wanti sunis yeroma san ta'a." Suuratu Aali-Imraan 3:47

Akka aadaatti ilmi dhiiraa fi dubartii irraa uumama. Mariyam wanta aadaa keessatti hin beekne yommuu itti himamu garmalee ajaa'ibsifatte. Garuu Dandeetti Rabbii fuundura gufuun dhaabbatu waan hin jirreef akkaa fi haala fedhetti nama uumuu danda'a. Jalqaba Nabii Aadamiin abbaa fi haadha malee biyyee irraa uume. Hawwaas dubartii malee dhiira qofarraa uume. Ammas, Dandeettiin Isaa guutuu akka ta'e ifa baasuf Iisaa (Iyyasuusin) abbaa malee haadha qofarraa uume. Namoota hafan immoo dhiiraa fi dubartii irraa uume. **"Akka kanatti Rabbiin waan fedhe uuma. Inni yeroo waan tokko murteesse, wanta saniin "Ta'i" jechuuni qofa. Wanti sunis yoosu ta'ee argama."**

Malaaykan dandeetti Rabbii Olta'aa erga ishiitti himee booda, hafuura itti afuufe biraa deeme. Hafuurri kuni gadaamessa ishii keessa yommuu seenu akkuma dubartoonni biroo ulfaa'an ishiinis ni ulfoofte. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa yommuu namoota uumu sababa godha. Sababa saniin ta'i yoo jedhe sababni suni yoosu ta'ee argama. Fakkeenyaf, biyyeen uumama nabii Aadamitiif sababa ture. Dhangalaa'an saalaa uumama namaatiif sababa. Dhangalaa'an saalaa ofiin nama ta'uu waan hin dandeenyef Rabbiitu dhangalaa'a saalaa kanarraa nama uuma. Haaluma kanaan hafuurri gara Mariyam seene uumama Iisaa (Iyyasuusiif) sababa ta'e. Kanaafu, Rabbiin hafuura kanarraa Iisaa uume. **"Akka kanatti Rabbiin waan fedhe uuma. Inni yeroo waan tokko murteesse, wanta saniin "Ta'i" jechuuni qofa. Wanti sunis yoosu ta'ee argama."**

Mariyam haala addaa kanaan erga ulfoofte booda ciniinsuun da'aa itti dhufte. Ishiin dubartii amalaa fi amantiin beekkamtudha. Garuu haala raajii kanaan dhiira malee ulfaa'un ishii kuni hawaasa keessatti salphinnaa fi qaani guddaa akka ishitti fidu garmalee dhiphatte. Ciniinsuu fi dhiphinna ishii kana Qur'aanni haala kanaan nutti hima:

﴿فَأَجَآءَهَا ٱلۡمَخَاضُ إِلَىٰ جِذۡعِ ٱلنَّخۡلَةِ قَالَتۡ يَٰلَيۡتَنِي مِتُّ قَبۡلَ هَٰذَا وَكُنتُ نَسۡيٗا مَّنسِيّٗا٢٣﴾

“Ciniinsuun gara jirma temiraa ishii maqse. Ishiinis “Yaa badii kiyya! Odoo kana dura du’ee waan dagatamaa ta’ee maal qabaa.” Jette.” Suuratu Mariyam 19:23

Rakkoon ciniinsuu gara muka temira akka deemtu ishii taasise. Du’aaf garmalee hawwite. Sababni isaas, namoonni wanta ishiin isaanitti himtu waan hin amanneef maqaa ishii xureessu. Gaddaa fi dhiphinna ishii kana hir’isuuf Malaaykan ishii gadii akkana jedhe itti lallabuun jajjabeesse: “**Hin gaddin, dhugumatti Gooftaan kee jala keetti bishaan yaa’u taasisee jira. Jirma temiraa gara keetti hurgufi, asheeta temira bilchaataa sirratti harcaasati. Nyaadhu dhugi, ijaanis itti gammadi. Nama tokko yoo argites, “Dhugumatti ani Rahmaanif sooma qodhaa (nazrii) seene jira. Kanaafu, har’a nama tokkoyyuu hin dubbisu.” Jedhiin.**” Suuratu Mariyam 19:24-26

Akka lugaatti sooma jechuun of qabuu waan ta’eef, asitti “dubbachuu irraa of qaba (nan sooma)” jechuu isaati. Qodhaa (nazrii) jechuun “wanta tokko nan hojjadha” jedhanii ofirratti dirqama gochuu fi waadaa seenudha. Mariyam dubbii kana akka jettu kan ajajamteef faayda guddaa waan qabuufi:

Namootatti dhufuun, “Ani ilma kana raajiin (mu’jizaan) da’e” osoo jettee, eenyullee ishii hin dhugoomsu. Kanaafu, ishiin cal’isuun daa’imni harkaa qabdu dubbachuun ragaa guddaa ishiif ta’a. Daa’imni ishii Iisaan reefu dhalate haasawuun wanta namoonni ishii yakkaniin ishirraa deebisa. Ishiinis akkuma jedhamte daa’ima ofii fuute gara ummata ishii qajeelte. Yommu nama ishii dubbisuu barbaadu argitu, “Rabbiif jedhee dubbachuu irraa of qabee jira” jettiin. Itti fufuun Qur'aanni ni jedha:

﴿فَأَتَتْ بِهِۦ قَوْمَهَا تَحْمِلُهُۥ ۖ قَالُوا۟ يَٰمَرْيَمُ لَقَدْ جِئْتِ شَيْـًٔا فَرِيًّا ﴿٢٧﴾
يَٰٓأُخْتَ هَٰرُونَ مَا كَانَ أَبُوكِ ٱمْرَأَ سَوْءٍ وَمَا كَانَتْ أُمُّكِ بَغِيًّا ﴿٢٨﴾﴾

“**Ergasii isa baadhattee gara ummata ishii dhufte. Isaanis ni jedhan, “Yaa Mariyam! Dhugumatti ati waan akkaan jabaatu fiddee jirta. Yaa**

obboleetti Haarun! abbaan kee nama badaa hin turre, haati teetis sagaagaltu hin turre.” Suuratu Mariyam 19:27-28

Iisaan (Iyyasuus) siree daa’imummaa keessaa yommuu dubbatu

Yommuu haalli Mariyamatti ulfaatu fi wanta namoonni jedhaniif garmalee gadditu**,** akka ummanni ishii daa’imatti haasawaniif gara daa’ima ishii İisaatti akeekte. Qur'aanni haala ishiiti fi ummataa akkana jechuun hima:

فَأَشَارَتْ إِلَيْهِ ۖ قَالُوا كَيْفَ نُكَلِّمُ مَنْ كَانَ فِي الْمَهْدِ صَبِيًّا ﴿٢٩﴾

"**Gara isaatti akeekte. Isaanis “Akkamitti daa’ima siree daa’imummaa keessa jiru dubbisnaa?” Jedhan."** Rabbiinis Iisaan akka dubbatu ni taasise.

﴿قَالَ إِنِّي عَبْدُ اللَّهِ آتَانِيَ الْكِتَابَ وَجَعَلَنِي نَبِيًّا ﴿٣٠﴾ وَجَعَلَنِي مُبَارَكًا أَيْنَ مَا
كُنتُ وَأَوْصَانِي بِالصَّلَاةِ وَالزَّكَاةِ مَا دُمْتُ حَيًّا ﴿٣١﴾ وَبَرًّا بِوَالِدَتِي وَلَمْ يَجْعَلْنِي
جَبَّارًا شَقِيًّا ﴿٣٢﴾ وَالسَّلَامُ عَلَيَّ يَوْمَ وُلِدتُّ وَيَوْمَ أَمُوتُ وَيَوْمَ أُبْعَثُ حَيًّا ﴿٣٣﴾﴾

[İisaanis] ni jedhe, “Dhugumatti ani gabricha Rabbiiti. Inni kitaaba naaf kenneera. Nabiyyis na taasisee jira. Iddoo ani jiru hundattis nama barakaa qabu na taasisee jira. Salaataa fi zakaas hanga lubbuun jiru naaf dhaamee jira. Haadha tiyyaafis tola oolaa [na godhe]; of tuulaa hoonga’aas na hin taasifne. Guyyaa ani dhaladhe, guyyaa ani du’uu fi guyyaa ani kaafamus nageenyi ana irra jira.” Suuratu Mariyam 19:29-33

Dhugaan Yommuu Ifa bahu

Jechi jalqabaa Iisaan ilmi Mariyam dubbate, “**Dhugumatti ani gabricha Rabbiiti.”** Kan jedhuudha. Ani ilma Rabbiiti hin jenne. Sababni isaas, Rabbiin Qulqullaa’an Olta’e, Tokkicha shariika hin qabneedha. Niiti ykn ilma hin qabu. Nabii Iisaan (aleyh salaam) amaloota saddeetin of ibse. Jalqaba gabricha Rabbii

akka ta’e dubbate. Akka namoonni gooftaa gabbaramu isa hin godhanneef gabricha akka ta’e ni labse. Dhumarratti immoo wantoota sodaachisaa irraa Rabbiin nagaha isa baasudha. Kuni hundi gooftummaa Kiristaanonni itti maxxansan irraa inni qulqulluu akka ta’e kan agarsiisudha. Kana jechuun Iisaan (Iyyasuus) gooftaa gabbaramu (waaqefatamu) akka hin taane kan mul’isuudha. Kanaafi, itti aanse Rabbiin subhaanahu wa ta’aalaa ni jedha:

﴿ذَٰلِكَ عِيسَى ٱبۡنُ مَرۡيَمَۚ قَوۡلَ ٱلۡحَقِّ ٱلَّذِي فِيهِ يَمۡتَرُونَ ٣٤ مَا كَانَ لِلَّهِ أَن
يَتَّخِذَ مِن وَلَدٖۖ سُبۡحَٰنَهُۥٓۚ إِذَا قَضَىٰٓ أَمۡرٗا فَإِنَّمَا يَقُولُ لَهُۥ كُن فَيَكُونُ ٣٥﴾

“**Suni İisaa ilma Mariyami- jecha dhugaa kan isaan isa keessatti shakkaniidha. Rabbiif ilma taasifachuun hin malu. Inni qulqullaa’e. Yeroo dhimma tokko murteesse, wanti Inni jedhu, “Ta’i” jechuu qofa; innis yoosuu ta’a.”** Suuratu Mariyam 19:34-35

Kana jechuun amaloota saddeettan darbaniin kan ibsamee İisaa ilma Mariyami. Jechi Iisaan yeroo daa’imummaa isaa dubbate suni **jecha dhugaa** shakkii wayiitu hin qabneedha. Kuni odeefannoo dhugaa Iisaan dubbate Rabbiin himeedha. Rabbiin caalaa eenyullee dhugaa kan dubbatu hin jiru. Faallaa wanta Iisaan yeroo daa’imummaa dubbate jedhamu hundi kijiba ta’uun dhibbaan dhibbaatti kan jala murameedha. “Iisaan ilma Gooftaati, iisaan gooftaadha, gooftaa keessaa sadaffaadha.” wanti Jedhamu hundi kijibaa fi hundee kan hin qabneedha.

Iisaan " **Ani gabricha Rabbiit**i" jedhee labsuun makluuqa (uumamaa) akka ta’e agarsiisa. Gooftaan wanta hundaa kan bulchuudha. Wantoonni Isaa gad jiran hundi gabroota Isaati. Iisaan akkuma namni kamu nyaata nyaatu ni nyaata, ni dhuga, ni rafa. Amala gooftummaa homaatu hin qabu. Rabbiin hin dhalanne, ilmoos hin qabu, hin nyaatu, hin dhugu, hin rafu, yeroo hundaa jiraatadha, waan hundaa irratti danda’aadha.

Iisaan (aleyh salaam) immoo kan dhalateedha, ni dhuga, ni rafa, amaloota namaa biroo ni qaba. Kanaafu, Iisaan nama waan ta'eef Gooftaa gabbaramu ykn

waaqefatamu ta'uu hin danda'u. Inni Nabiyyi fi Ergamaa Rabbii gara ilmaan Israa'il ergameedha.

"kan isaan isa keessatti shakkaniidha" kana jechuun dhugaan ifaa, "Iisaan gabricha Rabbii fi Ergamaa Isaa" ta'ee osoo jiruu waa'ee isaa ilaalchise ni shakku, wal mormu.

Ammas warroota Iisaan ilma Gooftaati jedhan akkana jechuun deebii itti deebisa: "**Rabbiif ilma taasifachuun hin malu. Inni qulqullaa'e."** Kana jechuun Rabbiif gonkumaa ilmi hin maluuf. Sababni isaas, Rabbiin Dureessa, Faarfamaa fi Mootiidha. Namni dadhabaa fi kan du'uu waan ta'eef nama isa gargaaru barbaada. Kanaaf ilma argachuu fedha. Rabbiin immoo dadhabinnaa fi du'a irraa qulqulluu kan ta'eedha. Kanaafu, ilma maal irraa godhaa? Rabbiin hanqinna kana hundarraa qulqullaa'e. Wanta tokko argamsiisu yoo fedhe, "Ta'i" jechuuni qofa, wanti sunis yoosu ta'a. Kanaafu, Iisaa abbaa malee uumuun akkamitti itti ulfaataa? Kanaafi, Iisaan gabricha fi uumamaa akka ta'ee itti aansun akkana jechuun beeksisa:

وَإِنَّ ٱللَّهَ رَبِّي وَرَبُّكُمْ فَٱعْبُدُوهُ ۚ هَٰذَا صِرَٰطٌ مُّسْتَقِيمٌ ﴿٣٦﴾

"[İisaanis], "Dhugumatti Rabbiin Gooftaa kiyyaa fi Gooftaa keessani. Kanaafu Isa qofa gabbaraa. Santu karaa qajeelaadha." Jedhe." Suuratu Mariyam 19:36

Kana jechuun kan nu uumee, suuraa keenya tolche, nu kunuunsu, nu too'atu fi dhimma keenya hunda harka qabu Rabbiidha. Kanaafu, Isa qofa gabbaraa. Isa qofaaf gadi jedhaa, kadhaa. Kuni karaa qajeelaa Isatti nama geessudha. Rabbiin qofa gabbaruun hojii qalbii, hojii qaamaa fi arrabaa waan of keessaa qabuuf karaa qajeeladha. Namni Rabbiin qofa yoo gabbare karaa jallataa hunda irraa ni eeggama, adabbi cimaa jalaa nagaha baha. Qur'aana keessatti, "**Isaannan amananii, iimaana isaanii zulmiin walitti hin makin isaaniif tasgabbiitu jira. Isaanis qajeelfamoodha.**" (Suuraa Al-An'aam, Ayah 82) Kana jechuun namoonni dhugaan Rabbitti amananii fi wantoota biraa Rabbiin waliin hin gabbarre (hin waaqefanne), isaaniif tasgabbitu jira. Gara karaa qajeelatti kan qajeelfamaniidha. Jireenya tana keessatti zulmiin (miidhaan) guddaan namni tokko hojjatu, shirkiidha. Shirkii jechuun wanta tokko Rabbitti qindeessudha.

Kanaafu, namoonni Iisaan gooftaadha, ilma gooftaati jedhan zulmii (miidhaa) guddaa hojjataa jiru. Miidhaa kana irraa yoo deebi'anii Rabbi qofaaf harka kennan, tasgabbii fi qajeelinna argatu. Ta'uu baannan dhimmichi gaabbi fi adabbii guddaa namatti fida.

Iisaan gara Samii Ol-Fuudhamuu

Akkuma beekamu Iisaan (nageenyi isarratti haa jiraatuu) gara ilmaan Israa'el nabiyyii ta'uun ergame. Garuu Yahuudonni Iisaa wantoota adda addaatin maqaa xureessu fi yakkuu turan. Dhumarratti isa ajjeesuf shira (tooftaa) baasan. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa akkana jechuun dubbata:

﴿وَمَكَرُواْ وَمَكَرَ ٱللَّهُۖ وَٱللَّهُ خَيۡرُ ٱلۡمَٰكِرِينَ ٥٤ إِذۡ قَالَ ٱللَّهُ يَٰعِيسَىٰٓ إِنِّي مُتَوَفِّيكَ وَرَافِعُكَ إِلَيَّ وَمُطَهِّرُكَ مِنَ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ﴾

"**Isaan tooftaa baasan, Rabbis tooftaa baase. Rabbiin immoo irra caalaa warra tooftaa baasuti. Yeroo Rabbiin [akkana] jedhe** [yaadadhu] **"Yaa Iisaa! Ani si fudha, gara Kiyyattis ol si kaasa. Warroota kafaran irraas si qulqulleessa.**" Suuratu Aali-Imraan 3:54-55

Yahuudonni Iisaa ajjeesuuf tooftaa baasan. Garuu Rabbiin olta'aan isaan dursuun tooftaa san caalu baase. Tooftaan kunis Iisaa gara Isaatti ol fudhachuu fi nama Iisaa fakkaatu isaanitti fakkeessudha. Seenaan tooftaa kana fakkaata:

Yahuudonni yommuu Iisaa ajjeesuf walitti qabaman, Iisaan isaan jalaa dheessun mana keessa seene. Mootiin isaanii namticha maqaan isaa Yahuuz jedhamu Iisaatti seenee akka ajjeesu ykn baasu ajaje. Namtichi kuni mana ni seene, garuu Iisaa hin arganne. Rabbinis fakkaataa iisaa namticha kanarratti darbe. Kana jechuun akka Iisaa fakkaatu isa taasise, Iisaa immoo gara samii ol fuudhe. Namtichi kuni yommuu bahu yahuudonni Iisaa kan fakkaatu ta'ee isa argan. Namtichi "ani saahiba (hiriyyaa) keessan" osoo jedhu, yahudoonni isa qabuun rarraasanii ajjeesan. Ergasi ni jedhan, "Fuulli isaa fuula Iisaa fakkaata. Qaamni isaa immoo qaama saahiba keenyaa fakkaata. Kuni saahiba keenya yoo ta'e Iisaan eessa dhaqee? Kuni Iisaa yoo ta'e, saahibni keenya isa dhaqee?" Isaan jidduutti wal dhabbiin guddaan ni uumame[1]". Kanaafi, Rabbiin subhaanahu wa ta'aala itti aanse ni jedha:

﴿وَقَوْلِهِمْ إِنَّا قَتَلْنَا ٱلْمَسِيحَ عِيسَى ٱبْنَ مَرْيَمَ رَسُولَ ٱللَّهِ وَمَا قَتَلُوهُ
وَمَا صَلَبُوهُ وَلَٰكِن شُبِّهَ لَهُمْ ۚ وَإِنَّ ٱلَّذِينَ ٱخْتَلَفُوا۟ فِيهِ لَفِى شَكٍّ مِّنْهُ ۚ مَا
لَهُم بِهِۦ مِنْ عِلْمٍ إِلَّا ٱتِّبَاعَ ٱلظَّنِّ ۚ وَمَا قَتَلُوهُ يَقِينًۢا ﴿١٥٧﴾ بَل رَّفَعَهُ ٱللَّهُ
إِلَيْهِ ۚ وَكَانَ ٱللَّهُ عَزِيزًا حَكِيمًا ﴿١٥٨﴾ وَإِن مِّنْ أَهْلِ ٱلْكِتَٰبِ إِلَّا لَيُؤْمِنَنَّ بِهِۦ
قَبْلَ مَوْتِهِۦ ۖ وَيَوْمَ ٱلْقِيَٰمَةِ يَكُونُ عَلَيْهِمْ شَهِيدًا ﴿١٥٩﴾﴾

"**Ammas isaan "Nuti Masiih İisaa ilma Mariyam, Ergamaa Rabbii ajjeefne jirra" waan jedhaniif [isaan abaarre]. Isaanitti fakkeefame malee isaan isa hin ajjeefne, hin fannisnes. Warroonni waa'ee isaa ilaalchisee wal dhaban dhugumatti isa irraa shakkii keessa jiru. Shakkii hordofuu malee isa irratti beekumsa homaatu hin qaban. Qabatamaan isaan isa hin ajjeefne. Dhugumatti Rabbiin gara Isaatti ol fuudhe. Rabbiinis injifataa, ogeessa ta'eera. Abbooti kitaabaa irraa eenyullee hin jiru du'a isaatiin dura kan isatti amanu yoo ta'e malee. Guyyaa Qiyaamaas isaan irratti ragaa ta'a**." Suuratu An-Nisaa 4:157-159

Yahuudonni Iisaa (nageenyi isarratti haa jiraatu) ajjeefne jirra jedhan. Garuu Rabbiin nama biraa isaanitti fakkeesse malee Iisaa hin ajjeefne. "**Warroonni waa'ee isaa ilaalchisee wal dhaban dhugumatti isa irraa shakkii keessa jiru."** Waa'ee Iisaa (Iyyasuus) ilaalchisee Kiristaanonni fi Yahudoonni wal dhabbii guddaa keessa seenan. Yahudoonni ajjeefne jirra jedhan. Kiristaanoni gariin Iyyasuus nuuf jedhe du'e jedhan. Gariin isaanii Iyyasuuf gooftadha, ykn ilma gooftaati jedhan. Kuni hundi dhugaa irraa kan fagaate fi ragaa hin qabneedha. Kanaafi itti aanse akkana jedhe, "**Shakkii hordofuu malee isa irratti beekumsa homaatu hin qaban."** Kana jechuun waa'ee Iisaa ilaalchisee wanti isaan jedhanii fi hordofan shakkii qofa. Beekumsa sirrii fi dhugaa ta'e hin qaban.

"Qabatamaan isaan isa hin ajjeefne. Dhugumatti Rabbiin gara Isaatti ol fuudhe." Kana jechuun dhugumatti yahuudonni Iisaa (Iyyasuusin) hin ajjeefne. Dubbiin Kiristaanotaa "Iyyasuus cubbuu keenyaf jedhe du'e" kan jedhus soba. Garuu Rabbiin gara Isaatti ol fuudhe. "**Rabbiinis injifataa, ogeessa ta'eera.**"

Rabbiin waan hundaa irratti Danda'aa, Injifataa fi Ogeessa waan ta'eef Iisaa gara samii ol fuudhun homaa Isatti hin ulfaatu.

"Abbooti kitaabaa irraa eenyullee hin jiru du'a isaatiin dura kan isatti amanu yoo ta'e malee." Asitti abbooti kitaabaa yommuu jedhu Yahuudotaa fi Kiristaanota jechuu isaati. Mufasiroonni (Hayyoonni Qur'aana ibsan) aaya tanaaf ibsa lama kennanii jiru:

1**ffaa**- Maq-dhaalli "**du'a isaatiin dura."** Jedhu keessa jiru, nama Kiristaana ykn Yahuudaa ta'e agarsiisa. Kanaafu, hiikni isaa kana ta'a: Nama Kiristaanaa ykn yahuudaatti duuti yommuu dhuftu, Iisaan (Iyyasuus) gabrichaa fi Ergamaa Rabbii akka ta'e ni amana. Gooftaa ykn ilma gooftaa akka hin taane yeroo du'aa ni hubata. Garuu kuni homaa isa hin fayyadu, ibidda irraa isa hin baraaru. Kuni kan agarsiisu Kiristaanotaa fi Yahuudota akeekachisuu fi haaluma amma irra jiraniin akka itti hin fufneefi. Waa'ee Iisaa ilaalchisee soba irra jiran yoo itti fufan yeroo du'aa ni gaabbu. Guyyaa Qiyaamaa immoo san caalaa gaabbu.

2ffaa- Maq-dhaalli "**du'a isaatiin dura"** jedhu keessa jiru "İisaa" agarsiisa. Hiikni isaa kana ta'a: Abbooti kitaabaa irraa eenyullee hin jiru du'a İisaatiin dura kan amanu yoo ta'e malee. Kunis kan ta'u Qiyaamaan yommuu dhiyaattudha. İisaan yommuu gara dachii bu'u booyye ni ajjeesa, Masqala ni caccabsa, Islaama malee amanti biraa hin qeebalu. Kanaafu, yeroo kanatti Yahuuda fi Kiristaanonni Iisaan gabrichaa fi Ergamaa Rabbii akka ta'e ni amanu[2].

"**Guyyaa Qiyaamaas isaan irratti ragaa ta'a**." Hayyuun Qataadah jedhamu kana ilaalchisee ni jedha: "Rabbiin irraa ergaa akka isaanitti geessee fi gabricha Rabbii akka ta'e isaan irratti ragaa baha." "Ani Gooftaadha ykn ilma gooftaati na waaqefadhaa" isaaniin kan hin jenne ta'uu ni labsa. Ragaan Iisaan (Iyyasuus) bahuu haala kanaan dhuma suuratu Maa'ida keessatti dhufee jira: "**Yeroo Rabbiin "Yaa Iisaa ilma Mariyam! Sila situ namootaan 'Anaa fi haadha tiyya Rabbii gaditti gabbaramaa (gooftaa waaqefatamu) lama taasifadhaa' jedhee?" jedhu [yaadadhu]. Innis ni jedha, "Ati Qulqulloofte! Ani waan haqa naaf hin taanee jechuun naaf hin ta'u. Yoo ani san kan jedhu ta'e dhugumatti Ati beektee jirta. Wanta lubbuu kiyya keessa jiru ni beekta, ani waan nafsii Kee keessa jiru hin beeku. Dhugumatti Ati sirritti beekaa waan fagoo fi hin mul'anneeti. Waan Ati itti na ajajje, "Rabbii Gooftaa kiyyaa fi Gooftaa keessan ta'e gabbaraa" jechuu malee waan biraa isaaniin hin jenne. Hangan isaan keessa turetti isaan irratti ragaan ture. Erga ol na**

fuutee booda, Ati isaan irratti Tiiksaa turte. Ati waan hundaa irratti ragaadha. Yoo isaan adabde (azzabde), gabrootuma keeti. Yoo isaaniif araaramtes, Ati Simatu Injifataa Ogeessa." *Suuratu Al-Maa'ida 5:116-118*

Kuni ragaa Guyyaa Qiyaamaa Iisaan (Iyyasuus) (nageenyi isarratti haa jiraatu) bahuudha. Dubbiin erga akkana ta'ee,

Eenyutu yeroo jalqabaatif "Iisaan (Iyyasuus) ilma waaqayyooti (gooftaati)" jedhe ree?

Deebiin isaa kana fakkaata:

Yeroo jalqabaatiif Iyyasuusin Gooftaa ykn ilma gooftaati kan jedhe nama maqaan isaa **Phaawulos** jedhamuudha. Seenaa kiristaanaa keessatti seenaan Phaawulos seenaa gariiba (adda ta'ee) fi ajaa'ibaati. Amanti Kiristaanaa jallisuu keessatti gahee ol'aanaa kan taphateedha. Phaawulos nama Yahuudi ture. Maqaan isaa "Saa'ol" jedhamaa ture. Inni Nabii Iisaa hin argine. Yeroo Iisaan gara Amantii Rabbiitti namoota waamu fi isaan gammachisus hin dhageenye.

Yeroo isaa jalqabaa irratti, Phaawulos Kiristaanota Iisaa hordofanitti namoota diina ta'an gurguddaa keessaa tokko ture. Inumaa, isaan adabbaa fi garmalee rakkisaa ture. Erga Rabbiin Olta'aan İisaa gara samii ol fuudhee booda Phaawulos tasa gara Kiristaanummaaa seenu isaa labse. Erga itti seenee booda oduu addaa odeessu jalqabe. Yeroo gara Damasqoo deemu ifni akka isa marsee fi gooftaan samii irraa akka itti lallabee ni dubbata. (Barreefama asii gadii keessatti **Iisaa** =**Yesus**)
Mee wanta Phaawulos (Saa'ol) jedhe Macaafa qulqulluu gara Afaan Oroomotti hiikkame, **"Hojii Ergamtootaa Boqonnaa sagal**" irraa fudhannee haa ilaallu:

"[1] Saa'ol amma illee bartoota gooftaa doorsisuudhaa fi ajjeesuutti banbanaa gara angafa lubootaa dhaqee, [3] Utuu adeemuus Damaasqootti dhi'aate, kunoo, dingata ifni waaqa irraa naannoo isaatti balaqqeessa'e.
[4] Lafa dha'ees sagalee, "Saa'ol, Saa'ol, maaliif na ari'atta?" jedhuun dhaga'e.
[5] Inni immoo, "Eenyu ati yaa gooftaa?" jedhe. Sagalichis deebisee, "Ana, Yesus, kan ati ari'attu;
[6] garuu, ka'ii, gara mandaraatti lixi! Waan gochuun siif ta'us sitti in himama" jedheen…..

19 Nyaata nyaatees jabaate; bartoota warra Damaasqoo biras bubbule.
20 Saa'ol ergasii utuu hin turin manneen sagadaa keessatti, **''Yesus kun ilma Waaqayyoo ti**" jedhee lallabe.
21 Warri isa dhaga'an hundinuu garuu dinqifatanii, "Namichi kun, isa Yerusaalemitti warra maqaa Yesus waammatan balleessuuf dhama'aa ture mitii? Addana iyyuu isaanuma hidhee luboota warra angafootatti geessuudhaaf dhufee ture mitii?" jedhanii gaafatan."
Madda: https://zoebible.page.link/ob

Keeyyata armaan olii keessatti lakkoofsa 20 fi 21 wanta jedhe sirratti hubadhaa!
(Barreefama armaan gadi keessatti **Yahuuda**=Yihudii)
Ammas Hojii Ergamtootaa Boqonnaa digdami lama (22) keessatti Phaawulos (Saa'ol) akkana jechuun dubbate:
3 "Ani Yihudii dha; Qiliiqiyaa keessaa Xarseesittan dhaladhe, addana Yerusaalemittan guddadhe. Gamaali'el birattis seera abaabilii keenyaaf kenname hundumaa ija irratti eegee bareera; akkuma keessan har'aa kanas Waaqayyoof nan hinaafan ture.
4 Namoota karaa barsiisa haaraa kana irra adeemanis hamma du'aatti nan ari'adhan ture, warra dhiiraas warra dubartiis qabeetan mana hidhaatti galchisiisan ture.
5 Angafni lubootaa, yaa'iin maanguddootaas guutummaatti waa'ee kanaaf dhugaa anaaf ba 'u. Isaanuma biraa caaffata gara Yihudoota obboloota Damaasqoo jiraataniitti caafame baafadhee, jarreen kana qabee, akka isaan adabamanitti hidhee gara Yerusaalemitti fiduudhaaf, Damaasqoo nan dhaqan ture.
6 "Karaa irra adeemaa Damaasqootti yommuu ani dhi'aadhe, waareetti dingata ifni humna qabeessi naannoo kootti balaqqeessa'e.
7 Lafatti kufeen sagalee, 'Saa'ol, Saa'ol, maaliif na ari'atta? jedhu dhaga'e.
8 'Eenyu ati yaa gooftaa?' jedheetan deebise; inni immoo, 'Ana, Yesus nama Naazireet, kan ati ari'achaa jirtu' anaan jedhe.
9 Namoonni anaa wajjin turan ificha arganiiru; sagalee isa anatti dubbachaa ture garuu hin dhageenye.
10 Ani immoo, 'Maal godhu, gooftaa?' jedheen gaafadhe; gooftaan immoo,'Ka'ii, mandara Damaasqootti lixi, akka ati gootuuf waan Waaqayyo murtoo godhe, achitti sitti in himama' anaan jedhe.
11 Calaqqisa ifichaa irraa kan ka'es iji koo arguu dhabnaan, warri anaa wajjin jiran harka qabanii mandara Damaasqootti na galchan.

Madda: https://zoebible.page.link/ob

Yeroo kana irraa eegalee, Phaawulos Iisaan (Yesuus) ilma gooftaa (waaqeyyoo) akka ta'e lallabuu itti fufe. Kiristaanummaa keessatti kana barsiisuun namni jalqabaa hanga isa ta'u gahuutti dhiibbaa guddaa uume. Barnoota kana kan fudhatu gooftaa irraa akka ta'e himata. Wanta inni jedhu kanaan waa'ee isaa ilaalchise wanta namoonni beekan ni dhoksa. Barataa Yesus akka hin turree fi isaan akka wal hin qunnamne namoonni ni beeku. Garuu "Ani Gooftaa irraa barnoota argadha" jedhee waan dubbatuuf wanta namoonni irraa beekan ni haguuga. Himannaa sobaa kanaan hundee amantitti ni taphate Amalli yahuuda amanti jallisuu fi micciruudha. Kanaafu, Phaawulosis yahuuda waan tureef amanti jallisuu fi micciruu eegale. Sobaan ani Kiristaana ofiin jechuun amanti Kiristaanatti akkanatti taphate.

İisaan erga ol fuudhamee booda namtichi Yahudii kuni ergamtoota torbaatamaa hafuurri qulqulluun irratti bu'uu fi kiristaanummaan warra gammachiisaan keessaa tokko akka ta'ee Kiristaanonni ni amanu. Kiristaanonni warroota kanniin, "Ergamtoota torbaatama" jechuun moggaasu. Kana jechuun kallatti hundan ergamtoota kiristaanummaan nama gammachisaniidha.

Phaawulos hanga barsiisaa Maarqos ta'u gahuutti dhiibbaan isaa garmalee guddate. Maarqos namoota macaafa qulqulluu barreessan keessaa tokko. Maarqos garmalee Phaawulositti maxxanuun barnoota irra barate. Ammas ni jedhu, Luqaasis barataa jallatamaa Phaawulositti maxxanu ture. Luqaasi barreessa macaafa qulqulluu keessaa tokko ture.

Yaanni, "Iisaan (Yesus) ilma Gooftaati" jedhamu Phaawulos dura kan beekkamu hin turre. Garuu erga kiristaanummaa keessa sobaan seenee fi handhuura barnootaatti barsiisaa guddaa erga ta'ee booda naannoo adda addaa keessa deemun Kiristaanummaa haarawatti namoota waamu jalqabe. Ergaalee bakka adda addaatti ni erga. Ergaaleen isaa kunniin bu'uura barnoota amanti ta'an.

Tooftaa kanaan namtichi Yahuudi kuni kan isa faallessuu waan hin jirreef bu'uura amanti Kiristaanaa micciruu fi jallisuu danda'e jira. Sababni isaas, barnoota amantii kanniin Masiih Iisaa irraa argachaa jira isaaniin jedha. Isaanis kana amanuun ni fudhatan. Kiristaanummaa keessatti wanta seensisee ni seensise. Wanta micciree ni miccire[3].

Kanaafu, Iisaan (Yesus) (nageenyi isarratti haa jiraatu "Ani Gooftaadha na waaqefadhaa ykn ani ilma gooftaati" hin jenne. Garuu kan kana itti maxxanse Phaawulos. Ergasii Phaawulos irraa barattoonni isaa kan akka Marqoosi fi Luqaas macaafa keessatti barreessu jalqaban. San booda ummanni Kiristaanas wallaalummaan jara kana hordofuun jallinnaa fi dukkanatti kufan. Seenaa kana erga dubbisani booda gara ifaa fi karaa qajeelaatti akka bahan isaaniif hawwina. Karaan ifaa fi qajeelaan karaa Iisaan itti waamaa tureedha. Iisaan (Yesus) akkana jechuun ummata waamaa ture:

﴿وَإِنَّ ٱللَّهَ رَبِّي وَرَبُّكُمْ فَٱعْبُدُوهُ ۚ هَٰذَا صِرَٰطٌ مُّسْتَقِيمٌ ٣٦﴾

"Dhugumatti Rabbiin Gooftaa kiyyaa fi Gooftaa keessani. Kanaafu Isa qofa gabbaraa. Santu karaa qajeelaadha." Suuratu Mariyam 19:36

Iyyasuus (nageenyi isarratti haa jiraatu) gooftaas miti ilma Gooftaatis miti

﴿لَّقَدْ كَفَرَ ٱلَّذِينَ قَالُوٓا۟ إِنَّ ٱللَّهَ هُوَ ٱلْمَسِيحُ ٱبْنُ مَرْيَمَ ۚ قُلْ فَمَن يَمْلِكُ مِنَ ٱللَّهِ
شَيْـًٔا إِنْ أَرَادَ أَن يُهْلِكَ ٱلْمَسِيحَ ٱبْنَ مَرْيَمَ وَأُمَّهُۥ وَمَن فِى ٱلْأَرْضِ جَمِيعًا ۗ وَلِلَّهِ
مُلْكُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ وَمَا بَيْنَهُمَا ۚ يَخْلُقُ مَا يَشَآءُ ۚ وَٱللَّهُ عَلَىٰ كُلِّ شَىْءٍ قَدِيرٌ ١٧﴾

"**Warroonni Rabbiin Masiih ilma Mariyam jedhan dhugumatti kafaranii jiru. Jedhi, "Eenyutu Rabbiin dhoowwu danda'aa osoo Inni Masiih, haadha isaatii fi namoota dachii keessa jiran hunda balleessu fedhee?" Mootummaan samiwwanii, dachii fi wantoota isaan lamaan jidduu jiranii kan Rabbiiti. Inni wanta fedhe uuma. Rabbiin waan hundaa irratti Danda'aadha.**" Suuratu Al-Maa'ida 5:17

"**Warroonni Rabbiin Masiih ilma Mariyam jedhan dhugumatti kafaranii jiru."** Kana jechuun Kiristaanonni Rabbiin Iisaadha jedhan haqaa waakkatanii fi mormanii jiru, soba guddaa sobanii jiru. Akka lugaatti kafaruu jechuun waa dhoksuudha. Namoonni kunniin Iisaan Gooftaa akka hin taane osoo beekanu haqa waan dhoksaniif warra kafaraniidha. Rabbiin Iisaa akka hin taanee ykn Iyyaasuus

gooftaa akka hin taane wanta agarsiisu keessaa, "**Rabbiin osoo Masiih, haadha isaatii fi namoota dachii keessa jiran hunda baalleessu fedhee eenyutu Isa dhoowwu danda'aa?"** Kana jechuun Osoo Rabbiin Iisaa, haadha isaatiii fi namoota dachii keessa jiran balleessu fedhee, eenyutu ajaja Isaa deebisuu danda'aa? Akkuma Kiristaanonni jedhan osoo Iyyasuus Gooftaa ta'e, silaa yommuu ajajni Rabbii Iyyasuusin ykn haadha isaa ykn namoota hunda balleessuf dhufu deebisuu ni danda'aa ture. Garuu haadha isaatti ajajni du'aa yommuu dhufu, du'a ishii irraa deebisuu hin dandeenye. Kuni ragaa tokkoffaa Iyyasuus gooftaa akka hin taane agarsiisudha.

Ragaan lammaffaan, "**Mootummaan samiwwanii, dachii fi wantoota isaan lamaan jidduu jiranii kan Rabbiiti."** Wantoonni samii, dachii fi isaan lamaan jidduu jiran hundi uumamtootaa fi gabroota Rabbiiti. Ammas, kan isaan bulchuu fi too'atu Isa. Wanta fedhe ni balleessa, wanta fedhe ni argamsiisa. Kanarraa eenyullee Isa dhoowwu hin danda'u. Iyyasuus aleyh salaam uumamtoota samii fi dachii jidduutti argaman keessaa tokko. Kanaafu,Iyyasuus umamaa fi gabricha wayitti hajamu ta'ee osoo jiru, Gooftaa gabbaramaa Dureessa wanta hundarraa of danda'ee ta'uu danda'aa? Kuni wanta gonkumaa hin danda'amneedha. Iyyasuus nageenyi isarratti haa jiraatu waan dadhabuuf ni nyaata, ni dhuga, Gooftaa isa uumetti hajama. Gooftaan nyaata, dhugaati, dadhabbii fi wayitu hajamu irraa qulqullaa'e.

Ragaan sadaffaan "**Inni wanta fedhe uuma."** Yaanni dogongoraa guddaan Kiristaanota kanatti geesse, "Iyyasuus abbaa malee dhalate" jechuu isaaniti. Kanaafi, isa ilaalchise amanti sobaa kana qabatan. Akkuma Iyyasuus abbaa malee uumame kunoo Hawwaan haadha malee uumamte. Inumaa, wanta uumama Iyyasuus caala nama ajaa'ibsiisu qabu uumama Aadami. Aadam abbaa fi haadha malee uumame. Kanaafu, maaltu Iyyasuusin gooftaa taasisa ree? "**Rabbiin wanta fedhe uuma**" yoo fedhe abbaa fi haadha malee nama uuma, kan akka Aadam. Yoo fedhe haadha malee uuma kan akka Hawwaa. Yoo fedhe abbaa malee uuma, kan akka Iyyasuus. Yoo fedhe haadha fi abbaa irraa uuma, kan akka namoota hafanii. Fedhii Isaatiin uumamtoota Isaa haala adda addaatin uume. Kanaafi itti aanse ni jedha: "**Rabbiin waan hundaa irratti Danda'aadha"**

Rabbiin waan hundaa irratti danda'aadha. Wanti Isa dadhabsiisu tokkollee hin jiru. Samii, dachii fi wantoonni isaan lamaan jidduu jiran hundi uumamtoota Isaati, too'annaa guutuu irratti qaba. Inni injifataa homtu Isa hin moo'anneedha.

Iyyasuusin, haadha isaa fi namoota dachii irra jiran hundaa balleessu danda'a.[1] Garuu Iyyasuus wanta hunda irratti dandeetti qabaachu dhiisi, wanta Rabbiin irraa isatti bu'uuyyu ofirraa deebisu hin danda'u. Haadha isaa irraayyu du'a deebisuu hin dandeenye. ***Kanaafu, yaa Kiristaanota! Ofii fi haadha isaa irraayyu miidhaa deebisuu kan hin dandeenye akkamitti "Iyyasuus gooftaa addunyaa baraarudha" jechuun kadhattani ykn waaqefattanii? Haadha isaatu du'arraa kan hin baraarre akkamitti addunyaa baraaraa? Sila sammuun yaadu isa dhaqee?***

Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿فَتَعَٰلَى ٱللَّهُ ٱلۡمَلِكُ ٱلۡحَقُّۖ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ رَبُّ ٱلۡعَرۡشِ ٱلۡكَرِيمِ١١٦﴾

"Rabbiin Mootii haqaa ta'e olta'e. Isa malee dhugaan Gabbaraman hin jiru. Inni Gooftaa Arshii kabajamaati." Suuratu Al-Mu'minuun 23: 116

"**Rabbiin Mootii haqaa ta'e olta'e."** Rabbiin Mootii Haqaa ta'e guddinnaa fi guutuummaa Isaatiif wanta hin malle hundarraa qulqullaa'e. Ilma, shariika (hiriyyaa) fi fakkaataa qabaachu irraa qulqullaa'e. Wanta taphaa hojjachuu irraa qulqullaa'e. Dadhabinna irraa qulqullaa'e.

Mootiin Haqaa waan hundarraa dureessa of danda'aa homattu hin hajamneedha. Akkasumas, hiika "haqaa" keessaa tokko wanta hin jijjiramne yeroo hundaa turaa ta'eedha. Kanaafu, Rabbiin Mootii Haqaa yeroo hundaa jiraatu gonkuma hin bannee fi hin jijjiramneedha, waan hundaa irraa kan of danda'ee fi dureessa ta'eedha. Wantoonni hundi Isatti hajamu. Inni Mootii haqa yeroo hundaa jiraataa ta'e, waan hunda irraa dureessa, wantoonni hundi Isatti kan hajaman erga ta'e, haqaan gabbaramaan Isa qofaa jechuudha.

Wantoonni Isaan ala jiran ni badu, ni jijjiramu. Of danda'anii ofiin hin dhaabbatan, wantoota biroo irraas miidhaa deebisuu fi faayda fiduu hin danda'an. Wanti faayda namaaf hin finnee fi miidhaa namarraa hin deebisne akka gooftaatti ilaaluun akkamitti kadhatanii? Kanaafu, Gooftaa haqaan gabbaramu ta'uu hin danda'an. Gooftaan haqaan gabbaramu, yeroo hundaa Jiraata gonkumaa hin

[1] Tafsiiru Xabarii-8/267-269, Tafsiiru Sa'dii-249, Zaadul Masiir-fuula 368

bannee fi waan hundaa irratti danda'aa ta'uu qaba. Sababni isaas, Jiraataa fi waan hundaa irratti danda'aa yoo ta'e, wanta irraa kadhatan isarraa argatan. Jiraataa kan hin taanee fi waan hundaa irratti danda'a kan hin taane irraa wanta kadhatan argachuun danda'amaa? Mee of haa gaafannu, "Rabbiin ala yeroo hunda jiraataan gonkumaa hin duune, waan hunda hojjachuu irratti danda'aa kan ta'e ni jiraa?" Isaan ala kan yeroo hundaa jiraatu fi waan hundaa irratti danda'aa ta'e waan hin jirreef, "**Isa malee dhugaan gabbaramaan hin jiru."** jechuudha.

"**Isa malee dhugaan gabbaramaan hin jiru.**" Kana jechuun dhugaan kan gadi jedhaniif, garmalee jaallatan, garmalee ol guddisan, sodaatan, waan hundaa irraa kajeelanii fi kadhatan, sagadaniif Rabbiin malee hin jiru.

Ragaalee Iisaan (aleyh salaam) itti bu'uu Agarsiisan

Akkuma kutaa darbe keessatti jennee yeroo Yahudonni isa ajjeesuf dhufan Iisaan (aleyh salaam) gara samii ol fuudhamee jira. Qiyaamaan yommuu kalooftu akka bu'uu ragaaleen shari'aa ni agarsiisu. Bu'iinsi isaa kunis mallattoo Qiyaamaa ta'a. Mee ragaalee kanniin gabaabbinaan haa ilaallu:

Qur'aana irraa Ragaalee Bu'iinsa isaa agarsiisan

Rabbiin (subhaanahu wa ta'aala) ni jedha:

﴿۞ وَلَمَّا ضُرِبَ ٱبۡنُ مَرۡيَمَ مَثَلًا إِذَا قَوۡمُكَ مِنۡهُ يَصِدُّونَ ٥٧ وَقَالُوٓاْ ءَأَٰلِهَتُنَا خَيۡرٌ أَمۡ
هُوَۚ مَا ضَرَبُوهُ لَكَ إِلَّا جَدَلَۢاۚ بَلۡ هُمۡ قَوۡمٌ خَصِمُونَ ٥٨ إِنۡ هُوَ إِلَّا عَبۡدٌ أَنۡعَمۡنَا عَلَيۡهِ
وَجَعَلۡنَٰهُ مَثَلٗا لِّبَنِيٓ إِسۡرَٰٓءِيلَ ٥٩ وَلَوۡ نَشَآءُ لَجَعَلۡنَا مِنكُم مَّلَٰٓئِكَةٗ فِي ٱلۡأَرۡضِ
يَخۡلُفُونَ ٦٠ وَإِنَّهُۥ لَعِلۡمٞ لِّلسَّاعَةِ فَلَا تَمۡتَرُنَّ بِهَا وَٱتَّبِعُونِۚ هَٰذَا صِرَٰطٞ مُّسۡتَقِيمٞ ٦١﴾

"**Yeroo ilmi Mariyam akka fakkeenyaatti dhiyeefamu yoosu ummanni kee sagalee olkaasanii isatti kolfan. Ni jedhanis, "gooftolee keenya moo isatu (Iisaatu) caalaa?" Isaan wal-bira qabuu kana siif hin dhiyeessine falmiif yoo ta'e malee. Garuu isaan ummata mormitoota. Iisaan gabricha Nuti isa irratti tola oollee fi ilmaan Israa'iliif fakkeenya taasifne malee waan biraati miti. Osoo feene Malaaykota bakka keessan bu'an dachii keessa goonaa turre.**

Dhugumatti, Inni Qiyaamaaf mallattoo beekkamaadha, kanaafu ishii hin shakkinaa, Ana hordofaa. Kanatu karaa qajeeladha. Sheyxaanni [dhugaa hordofuu irraa] akka isin hin dhoorgine. Dhugumatti inni isiniif diina ifa bahaadha. ” Suuratu Az-Zukhruuf 43:57-62

As keessatti, “**Inni Qiyaamaaf mallattoo beekkamaadha”** kan jedhu ilaalchise hayyoonni Qur’aana ibsan, “Qiyaamaan dura Iisaan samii irraa bu’uun mallattoo Qiyaamaati” Jedhan[2]. Akkuma armaan gadiitti ilaallu hadiisonni sahiih ta'aniis ni jabeessu.

Ragaan biraa Iisaan samii irraa akka bu’uu agarsiisu aayah suuratu An-Nisaa keessatti argamtuudha.

﴿وَإِن مِّنْ أَهْلِ ٱلْكِتَٰبِ إِلَّا لَيُؤْمِنَنَّ بِهِۦ قَبْلَ مَوْتِهِۦ ۖ وَيَوْمَ ٱلْقِيَٰمَةِ يَكُونُ عَلَيْهِمْ شَهِيدًا ١٥٩﴾

Abbooti kitaabaa irraa eenyullee hin jiru du’a isaatiin dura kan isatti amanu yoo ta’e malee. Guyyaa Qiyaamaas isaan irratti ragaa ta’a.” Suuratu An-Nisaa 4:159

Hayyoonni Qur’aana ibsan baay’een, maq-dhaalli “**du’a isaatiin dura”** jedhu keessa jiru "İisaa" akka agarsiisu dubbatan. Hiikni isaa kana ta’a: Abbooti kitaabaa (Yahuudaa fi Kiristaanaa) irraa eenyullee hin jiru du’a İisaatiin dura kan amanu yoo ta’e malee. Kunis kan ta’u Qiyaamaan yommuu dhiyaattudha. Akkuma hadiisa keessatti dhufe İisaan yommuu gara dachii bu’u booyye ni ajjeesa, Masqala ni caccabsa, Islaama malee amanti biraa hin qeebalu. Kanaafu, yeroo kanatti Yahuuda fi Kiristaanonni Iisaan gabrichaa fi Ergamaa Rabbii akka ta’e ni amanu.

Sunnah irraa Ragaalee Iisaan bu’uu agarsiisan

Huzeeyfa ibn Useyd Al-Ghifaariyy akkana jechuun gabaase:

[2] Tafsiir ibn Kasiir 6/583

“**Osoo nuti wal yaadachiisnu (waliin haasofnu) Ergamaan Rabbii (Salallahu aleyh wassalam) nu arguun akkana jedhan, “Maal wal yaadachistuu?” Sahaabonnis ni jedhan, “Waa’ee Qiyaamaa haasofna” Innis ni jedhe, “Hanga mallatoolee kudhan argitanitti malee Qiyaamaan hin dhaabbattu.” Ergasii akkana jechuun tarreesse: Aara (smoke), Dajjaal, bineensa lafaa baatu, Aduun dhiyaan bahuu, Iisaan ilmi Mariyam (nageenyi isarratti haa jiraatu) bu’uu, Ya’juuj wa Ma’juuj, gara sadiin mucucaachu lafaa: tokkoffaan gara Bahaatin, lamaffaan gara Dhiyaatin, sadaffaan Galoo-galaana Arabaatin. Dhumti kanaa ibidda gara Yaman irra bahuun namoota gara iddoo walitti qabamaatti oofudha.**” Sahiih Muslim 2901

Abu Hureyraan akka gabaasetti: Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: “Hanga ilmi Mariyam abbaa murtii haqaa ta’uun isin keessatti bu’utti malee Qiyaamaan hin dhaabbattu. Masqala ni caccabsa, booyye ni ajjeesa, Jiziyyah ni balleessa. Hanga namni fudhatu dhabamutti qabeenyi garmalee baay’ata.” Sahiih Al-Bukhaari 2476

Jiziyyah jechuun Motummaa Muslimaa keessatti namoota Muslima hin taane irraa gibira guurramuudha. Muslimoonni Zakaa yommuu kafalan, namoonni Muslima hin taane immoo Jiziyyah kafalu. Iisaan (aleyh salaam) yommuu bu’u, Islaama malee amanti biraa waan hin fudhanneef Jiziyyaan ni dhabama. Garuu Islaama malee amanti biraa hin hayyamu jechuun namoota Islaama akka fudhatan ni dirqiisisa jechu miti. Kana irraa namoonni yommuu Iisaan bu’u, Iisaan gabrichaa fi Ergamaa Rabbii akka ta’ee ni beeku. Yaanni, “Iisaan ilma gooftaa ykn gooftaadha” jedhu qalbii isaanii irraa ni haaqama. Dhugaa waan arganiif. Kanaafu, amanti haqaatti ni amanu. Akkuma Rabbiin subhaanahu wa ta’aala jedhe:
Abbooti kitaabaa irraa eenyullee hin jiru du’a isaatiin dura kan isatti amanu yoo ta’e malee.” Suuratu An-Nisaa 4:159

Gaafii: Iisaan yommuu bu’u seera Nabii Muhammadin bulcha moo seera haarawa fidaa?

Deebiin isaa: Seerri (Shari’aan) Nabi Muhammad (SAW) guutuu waan ta’eef Iisaan seeraa haarawa hin fidu. Guyyaa Arafaa Rabbiin subhaanahu wa ta’aala keeyyata suuratu Al-Maa’ida keessatti argamtu buusun ni jedhe: “Har’aa amanti keessan isiniif guute, qananii Kiyyas isin irratti guutee jira, Islaamas akka amantitti isiniif jaalladhe.” (Suuratu Al-Maa’ida 5:3) Kanaafu, shari’aan (seerri)

Islaamaa guutuu waan ta'eef Nabii Iisaan (aleyh salaam) seeruma Nabii Muhammadin (SAW) ummata bulcha.

Waa'ee Bu'iinsa Iisaa ilaalchisee Kiristaanonni Maal jedhuu?
Kiristaanonni Iisaan ilma Gooftaati jedhanii amanu. Rabbiin kanarraa qulqullaa'e. Nuuf jedhe fannifame du'e, ergasii gara samii ol fuudhame jedhanii amanu. Gara Yeroo dhumaatti ni bu'a jedhu. Waa'ee Iisaa ilaalchisee amantin Kiristaanaa amanti Muslimaa irraa karaa baay'een garagara ta'a:

Iisaan ilma Gooftaa akka ta'e Kiristaanonni ni amanu. Garuu kuni kijibaa (baaxila). Amantiin sirriin, Iisaan ilma namaati, gabricha fi Ergamaa Rabbiiti. Yahudoonni Iisaa fannisanii akka ajjeesan Kiristaanonni ni amanu. Garuu kuni soba (baaxila). Ilaalchi sirriin, isaan hin fannisnes hin ajjeesnes. Iisaan (aleyh salaam) erga fannifamee guyyaa sadiin booda gara samii bahe jedhanii Kiristaanonni ni amanu. Garuu kuni kijiba. Kana irra inni osoo hin fannifamiin ykn hin ajjeefamin gara samii ol fuudhame.

Iisaan (aleyh salaam) akkamitti fi Eessatti bu'aa?
Iisaan (aleyh salaam) uffata lama uffachuu fi harka isaa koola Malaykoota lamaa irra gochuun minaaraa adii Baha Damasqootti argamutti bu'a. Ibn Kasiir ni jedha: "Bakka inni itti bu'u ilaalchisee ilaalchi hundarra beekkamaan baha Damasqoo minaaraa adii irratti bu'a kan jedhudha. Yommuu salaataaf iqaamaan godhamu ni bu'a…" (An-Nihaayah fil fitan wal-Malaahim 1/192)

Maaliif Iisaan qofti akka bu'uu fi nabiyyiin biraa akka hin buune godhamee?

"Yeroo dhumaatti maaliif Nabii Iisaan qofti gara dachii akka bu'u filatame?" jechuun of gaafachuu dandeessa.
Hayyoonni sababa Iisaan qofti bu'u ilaalchisee yaada baay'ee kennanii jiru. Isaan keessaa:

1. Yahudoonni Iisaa ajjeesne jedhan. Kanaafu, dubbii isaanii kanaaf deebii kennuu fi dhugaa ifa baasuf Iisaan samii irraa ni bu'a. Rabbiin subhaanahu Iisaa samii irraa gara dachii buusun Yahudoota fi hogganaa isaanii Dajjaalin akka loluu fi moo'atu taasisa. Al-Haafiz Ibn Hajar ilaalchi kuni hundarra sirrii akka ta'etti ilaala.

2. Ammas, kijibaa Kiristaanota ifatti baasuf Iisaan (aleeyh salaam) samii irraa ni bu'a. "Iisaan ilma gooftaati ykn gooftaadha" yaanni jedhu soba akka ta'e ifa isaaniif godha.
3. Duuti isatti waan hin dhufneef Iisaan samii irraa bu'uun dachii keessatti ni du'a. ergasii ni awwaalama. Kan biyyee irraa uumame eessattillee hin du'u, gara biyyeetti deebi'e du'aa malee.

Akka hin dheeressineef sababoota hangafaa kanniin qofa irratti gabaabadhe. Sababoota hafan kitaaba The End of The World fuula 357-358 irraa ilaalun ni danda'ama.

Iisaan (aleyh salaam) Erga gara dachii bu'ee hangam turaa? Iisaan (aleyh salaam) dachii irra waggaa afurtama tura. Yeroo kana keessatti namoonni badhaadhinna, haqummaa fi nageenyaan jiraatu. Hadiisa Abu Hureeyraan gabaase keessatti Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "Haawwan isaanii gargar haa ta'anii malee Nabiyoonni obboleeyyani. Amantiin isaanii tokko. Namoota hunda caalaa anatu Iisaa ibn Mariyamitti dhiyaata. Sababni isaas, anaa fi isa jidduu nabiyyin hin jiru. Waggaa afurtamaaf tura, ergasi ni du'a. Muslimoonnis salaata janaazaa isarratti ni salaatu." (Ahmdi fi Al-Haakim gabaasanii jiru. Al-Haakim ni jedha, Al-Bukhaari fi Muslim haa gabaasu baataniyyuu malee isnaadni isaa sahiih dha.)

Kitaabban wabii

The End of The World-fuul 316-324
Kitaabban Tafsiira: Tafsiira Sa'idiyy 573-4
Ma'aariju Tafkur wa daqaa'uq tadabbur 7/460-464, Abdurahman Habanka
[1] Tafsiira Qurxubii 5/151
[2] Tafsiir Sa'diyyi 233, Tafsiir Qurxubii 7/214-215
[3] Kawaashif Zuyuuf – Fuula-25-29, Abdurahmaan Habanka
The End of The World-fuul 344-359

Guduunfaa

Rabbi hin dhalle, hin dhalanne, Tokkicha fakkaataa hin qabneef faaruu fi galanni hundi Isaaf haa ta'u. Waa'ee Iisaa (Iyyasuus) nageenyi isarratti haa jiraatu

kutaalee sadii jalatti qoodun ilaalaa turreera. Waa'ee isaa ilaalchisee dhugaan maal akka ta'e hubanne jirra. Namni dhugaa kana hubatuun qajeele lubbuma ofii fayyada. Namni dhugaa kana irraa goruun jallate lubbuma ofi miidha.

Qur'aanni waa'ee Iisaa (Iyyasuus) ilaalchise haala namaaf galuu fi ifa ta'een ibsa. Wanti nama dhmaasu Qur'aana keessatti hin argamu. Garuu faallaa kanaa, kitaaba Kiristaanaa keessatti waa'ee Iisaa ilaalchise wantoonni nama dhamaasan baay'etu jiru. Takkaa gooftadha jedha, takkaa immoo ilma gooftaati jedha, takkaa immoo nabiyyiidha jedha, takkaa immoo gooftota sadan keessaa isa tokko jedha, takkaa immoo cubbuu keenyaf jedhee du'e jedhu. Namni kanniin keessaa kamiin filatee qabachuu danda'aa? Dhugumatti kuni dhama'iinsa guddaadha. Hundeen kanaa inni guddaan namoota kitaaba kana barreessaa tureedha.

Kutaa darbe keessatti, yeroo jalqabaatiif, "Iyyasuus ilma waaqayyooti" kan jedhe, Phaawulos akka ta'e macaafa qulqulluu irraa ilaalle turre. Achi booda yaanni kuni hanga bu'uura amanti ta'u gahuutti namtichi kuni yaada kana babal'isuu fi facaasu itti fufe. Namoonni isa booda dhufanis yaada isaa kana fi kan biroo itti dabaluun kitaaba barreessan. Kitaabni kunis Rabbiin biraa kan bu'eedha jedhan. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa adeemsa isaanii kana akkana jechuun ibsa:

﴿فَوَيۡلٞ لِّلَّذِينَ يَكۡتُبُونَ ٱلۡكِتَٰبَ بِأَيۡدِيهِمۡ ثُمَّ يَقُولُونَ هَٰذَا مِنۡ عِندِ ٱللَّهِ لِيَشۡتَرُواْ بِهِۦ ثَمَنٗا قَلِيلٗاۖ فَوَيۡلٞ لَّهُم مِّمَّا كَتَبَتۡ أَيۡدِيهِمۡ وَوَيۡلٞ لَّهُم مِّمَّا يَكۡسِبُونَ ٧٩﴾

"**Warra kitaaba harka isaaniitiin barreessanii ergasii gatii xiqqaa ittiin bitachuuf "Kuni Rabbiin biraayi" jedhaniif ee badii isaanii! Waan harki isaanii barreessiteef jecha ee badii isaanii! Ammas waan isaan carraaqataniif jecha ee badii isaanii**!" Suuratu Al-Baqarah 2:79

Arabni jecha "wayl" jedhu nama baditti kufeef itti fayyadamti. Haaluma wal fakkaatun Afaan Oromoo keessatti, nama badiin itti dhufuu hedu ykn baditti kufe, "Ee badii kee" jedhamaan. Kana jechuun baditti kufte, adabbiin cimaan sitti bu'e jechuu isaati. Warroonni kitaaba harka ofiitiin barreessanii ergasii gatii xiqqaa ittiin bitachuuf "**Kuni Rabbiin biraayi"** jedhan adabbiin cimaan isaanitti bu'a. Gatiin xiqqaan kuni addunyaa badduu tana. Qabeenya walitti sassabuuf kijibaan kitaaba katabuun kuni Rabbiin irraayyi ummataan jedhu. Kanaafu, namoonni

kunniin karaa lamaan ummata gowwoomsanii fi miidhanii jiru. 1ffaa- Amanti isaanii sobaan walitti makuun ummata dhamaasu. 2ffaa-qabeenya isaanii sobaan nyaachu. Kanaafi itti aanse ni jedha: "**Waan harki isaanii barreessiteef jecha ee badii isaanii**!" kana jechuun kijiba, jallinnaa fi dhugaa micciruu kitaaba keessatti harka isaanitiin barreessaniif ee badii isaanii. "Iyyasuus gooftadha ykn ilma gooftaati" kijiba isaan kitaaba keessatti barreessaniidha. Sababa kanaan ummata gowwoomsu. Kanas kan godhaniif addunyaa badduu tana argachuufi. **"Ammas waan isaan carraaqataniif jecha ee badii isaanii**!" Kana jechuun qabeenya argatan saniif ee badii isaanii. Hiikni biraa, sababa harka isaaniitiin kijiba barreessun cubbuu/dilii hojjataniif ee badii isaanii!

Kanaafu, namoonni kijiba harka isaanitiin katabuun qabeenya ykn beekkamti argachuuf "Kuni Rabbiin biraayyi" jedhan, adabbii cimaatu isaaniif jira. Badiin isaan hojjatan keessaa gurguddaan: 1ffaa-Rabbiin irratti kijibuu, 2ffaa-ummata karaa qajeelaa fi ifaa irraa jallisuun dukkanaa fi dhama'iinsatti oofu. 3ffaa-Qabeenya namootaa haqa malee nyaachu.

Namni sammuu qabu kijiba isaan uumaniin gowwoomu hin qabu. Sammuu isaa keessatti yaadu danda'a. "Iyyasuus akkamitti gooftaa ta'a, kan dhalate ta'e osoo jiruu? Wanti dhalatu wanta uumamudha. Kanaafu uumaa isa barbaachisa? Dubbiin yoo akkana ta'e akkamitti Iyyasuus Gooftaa waa uumuu ta'uu danda'aa? Ammas Iisaan of jabeessuf ni nyaata ni dhuga. Rabbiin qulqullaa'e immoo ni nyaachisaa malee hin nyaatu, ni obaasaa malee hin dhugu? Kanaafu, akkamitti Iisaan gooftaa ta'aa? Akkasumas, namni yommuu nyaatu fi dhugu xuriin akka fincaanii fi sagaraa isa irraa baha. Kanaafu, namni "Iyyasuus gooftaadha" yommuu jedhu, "Gooftaan ni nyaata ni dhuga ergasii xuriin isarraa baha" jechuu isaati. Rabbiin hanqinna kana hundarraa qulqullaa'e, olta'e. " jedhee yaadu qaba.

Ammas, "Iyyasuus akkamitti ilma Rabbii ta'aa? Rabbiin Qulqullaa'an olta'e Dureessa Tokkicha fakkaata wayitu hin qabneedha. Ilmi yoo dhalate abbaa fakkaata. Kanaafu, "Rabbiin ilma qaba" jechuun "Inni fakkaataa qaba" jechuudha. Rabbiin kanarraa qulqullaa'e olta'e. Ammas ilmi kan barbaachisuuf akka nama gargaaru fi sanyiin namaa itti fuftuufi. Rabbiin Qulqullaa'an olta'e gargaarsa wanta jedhamu hin barbaadu, wanta hundaa irratti danda'aadha. Yeroo hundaa jiraataadha. Kanaafu, Inni waan hundaa irraa Dureessaa fi Of gahaa ta'ee osoo jiru maaliif ilmatti hajama?"

Namni kanniin deddeebisee yoo of gaafatee, wanti kitaaba (macaafa) isaanii keessatti barraa'e soba ta'uu takkaan hubata. Kijiba kanniin kan barreesse namoota fedhii ofii hordofuun ummata gowwoomsaniidha. Kanaafi, Rabbiin qulqullaa'an olta'e akkana jechuun Yahuudotaa fi Kiristaanota akeekachiisa:

﴿قُلْ يَٰٓأَهْلَ ٱلْكِتَٰبِ لَا تَغْلُوا۟ فِى دِينِكُمْ غَيْرَ ٱلْحَقِّ وَلَا تَتَّبِعُوٓا۟ أَهْوَآءَ قَوْمٍ قَدْ ضَلُّوا۟ مِن قَبْلُ وَأَضَلُّوا۟ كَثِيرًا وَضَلُّوا۟ عَن سَوَآءِ ٱلسَّبِيلِ ٧٧﴾

"**Jedhi, "Yaa warra kitaabaa! Amantii keessan keessatti dhugaan ala daangaa hin darbinaa. Fedhii ummata duraan jallatanii darbanii, namoota heddus jallisanii fi karaa qajeelaa irraa jallatanii hin hordofinaa."** Suura Al-Maa'ida 5:77

Kiristaanonni "Iisaan gooftaadha ykn ilma gooftaati" jechuun isaanii dhugaan ala daangaa darbuudha. Kanaafi, Rabbiin waa'ee Iisaa ilaalchisee dhugaan ala soba hordofuun daangaa hin darbinaa isaaniin jedha. Sababni isaan dhugaa irraa jallachuun soba itti hordofan, hoggantoota duraan darban hordofuu isaaniti. Akkuma kutaa darbe keessatti jenne, yeroo jalqabaatiif Iisaan ilma gooftaati kan jedhe Phaawulos. Achi boodas warri dhufan Iyyasuus gooftaa gabbaramu jedhan. Kuni hundi fedhii lubbuu hordofuudha malee wanta ragaa qabu miti. Kanaafi, ummata Kiristaanaa hoggantoota fedhii lubbuu hordofuun namoota jallisan akka hin hordofne Rabbiin ni akeekachisa. Hoggantoonni fedhii lubbuu hordofan kunniin "Iyyasuus Gooftaadha ykn ilma Gooftaati" jechuun namoota itti waamu. Haala kanaan, namoota kanniinis ni jallisuu, ofiifillee ni jallatu. Kanaafu, namoota jallatan hordofuun baditti malee wanta biraatti nama geessu danda'aa?

Adabbii Namoota, "Iisaan (Iyyasuus) gooftaadha ykn ilma Gooftaati" jedhanii

Iisaan (aleyh salaam) Rabbii Tokkicha akka gabbaran namoota waama ture. "Ani Rabbi ykn ilma Rabbiiti" jechuun gonkumaa namoota hin waamne. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿لَقَدْ كَفَرَ ٱلَّذِينَ قَالُوٓاْ إِنَّ ٱللَّهَ هُوَ ٱلْمَسِيحُ ٱبْنُ مَرْيَمَۖ وَقَالَ ٱلْمَسِيحُ يَٰبَنِيٓ إِسْرَٰٓءِيلَ ٱعْبُدُواْ ٱللَّهَ رَبِّي وَرَبَّكُمْۖ إِنَّهُۥ مَن يُشْرِكْ بِٱللَّهِ فَقَدْ حَرَّمَ ٱللَّهُ عَلَيْهِ ٱلْجَنَّةَ وَمَأْوَىٰهُ ٱلنَّارُۖ وَمَا لِلظَّٰلِمِينَ مِنْ أَنصَارٍ ٧٢﴾

"**Warroonni 'Rabbiin Masiih ilma Mariyam' jedhan dhugumatti kafaranii jiru. Masiihis ni jedhe**, '**Yaa ilmaan Israa'il! Rabbii Gooftaa kiyyaa fi Gooftaa keessan ta'e gabbaraa. Dhugumatti namni Rabbitti waa qindeesse Rabbiin isarratti Jannata haraama (dhowwaa) taasiseera. Teessoon isaas ibidda. Miidhaa raawwattootafis tumsitoonni hin jiran.**" Suuraa Al-Maa'ida 5:72

Rabbiitti waa qindeessuun (shirkiin) bifa adda addaa qaba. Isaan keessaa, wanta uumame (makhluuqa) akka Uumaatti ilaalun kadhachuu, isaaf of gadi qabu fi kkf hojjachuudha. Kanaafu, namoonni Iisaan Gooftaadha jedhan Rabbitti waa qindeessanii jiru. Namni Rabbitti waa qindeesse immoo gonkumaa Jannata hin seenu. **Teessoon isaa ibidda.** Kanarraa Rabbiin nu haa tiiksu.

Kiristaanonni jecha sobaa "Iyyasuus gooftaadha ykn ilma goofaati" jedhu kanarraa deebi'uun Rabbiitti amananii Isa qofaaf yoo sagadan, kadhatanii fi of gadi qaban, jireenya tana keessatti gammachuu argatu, adabbii ibiddaa waadaa galame irraas ni baraaramu. Ta'uu baannan, adabbii cimaatu isaan eeggata. Qur'aana keessatti Rabbiin ni jedha:

﴿فَٱخْتَلَفَ ٱلْأَحْزَابُ مِنۢ بَيْنِهِمْۖ فَوَيْلٌ لِّلَّذِينَ كَفَرُواْ مِن مَّشْهَدِ يَوْمٍ عَظِيمٍ ٣٧ أَسْمِعْ بِهِمْ وَأَبْصِرْ يَوْمَ يَأْتُونَنَا لَٰكِنِ ٱلظَّٰلِمُونَ ٱلْيَوْمَ فِي ضَلَٰلٍ مُّبِينٍ ٣٨ وَأَنذِرْهُمْ يَوْمَ ٱلْحَسْرَةِ إِذْ قُضِيَ ٱلْأَمْرُ وَهُمْ فِي غَفْلَةٍ وَهُمْ لَا يُؤْمِنُونَ ٣٩﴾

"**Gareewwan [Yahuudaa fi Kiristaanaa] gidduu isaanitti waa'ee isaa irratti wal dhaban. Wal-gayii Guyyaa Guddaa (Qiyaamaa) san irraa warra**

kafaraniif ee badii isaanii! [Kaafiroonni] Guyyaa Nutti dhufan akkamitti sirritti arguu, akkamitti sirritti dhagahuu! Garuu har'a miidhaa raawwattoonni jallinna ifa ta'e keessa jiru. Haala isaan daguu keessa ta'aniin osoo isaan hin amaniin yeroo dhimmichi murtaa'u, Guyyaa Gaabbii san isaan sodaachisi." Suuratu Mariyam 19:37-39

Kaafiroota jechuun warroota Rabbitti hin amannee ykn wanta biraa Isatti qindeessaniidha. Fakkeenyaf namoonni Iisaan gooftaa gabbaramu ykn ilma gooftaati jedhan kaafirota ta'u

Rabbiin subhaanahu wa ta'aala dhugaa Iisaa erga ibsee booda yahuuda fi kiristaanaa irraa haala gareewwanii jallatanii ibse. Gareewwan kunniin waa'ee Iisaa (Iyyasuus) ilaalchise wal dhaban. Isaan keessaa, gariin "Iisaan gooftadha" jedhan, gariin isaanii ilma Gooftaati jedhan, gariin isaanii gooftaa sadaffaati jedhan. Jechoonni kuni hundi jechoota sobaatii fi ilaalcha badaadha. Shakkii irratti kan hundaa'e fi ragaa wayitu kan hin qabneedha.

"**Wal-gayii Guyyaa Guddaa (Qiyaamaa) san irraa warra kafaraniif ee badii isaanii!"** Warroonni iisaan gooftaadha ykn ilma gooftaati ykn gooftaa sadaffaadha jedhan warra kaadaniidha (kafaranii)dha. Kanaafu, Guyyaa Qiyaamaa namoonni hundii itti wal-gahan warra kafaran kanaaf adabbii cimaatu jira.

"[Kaafiroonni] Guyyaa Nutti dhufan akkamitti sirritti arguu, akkamitti sirritti dhagahuu! Garuu har'a miidhaa raawwattoonni jallinna ifa ta'e keessa jiru." Kaafiroonni har'a jallinna isaanii keessa jiru. Dhugaa ykn haqa ifa jiru hin argan, hin dhagahan. Guyyaa Qiyaamaa immoo yommuu Rabbiin fuunduratti murtiif dhufan haqa sirritti argu, sirritti dhagahu. Akkana jechuun warwaatu:

"Yaa Rabbii keenya! Arginee, dhageenye, kanaafu hojii gaarii hojjannaa [addunyaatti] nu deebisi. Dhugumatti nuti dhugaan amanne jirra."
Suuratu As-Sajdah 32:12

Garuu zaalimoonni (warroonni miidhaa raawwatan) kana hunda quba hin qaban. Fedhii addunyaatiin haguugamanii fi galfaa keessa jiru. Qalbii isaanitiin Rabbitti hin amanan, Ergamtoota Isaa hin hordofan. Garuu Guyyaa Gaabbii garmalee gaabbu. Guyyaan Gaabbii Guyyaa Qiyaamaati. Sababni Guyyaa

Gaabbii jedhameef, namoonni hojii gaarii osoo hin hojjatin isaan jala darbee fi hojii badaa hojjatan irratti garmalee waan gaabbanafi.

Kiristaanota waliin Falmuu

Namni nama karaa irraa bahe karatti akka deebi'uuf isa walin falmuu barbaadu ulaagaalee kanniin guutuu qaba. 1ffaa- Beekumsa ittiin falmu qabaachu, 2ffaa- Dubbii fi tooftaa hundarra gaarii ta'e fayyadamuu 3ffaa- kaayyoon itti falmuuf haqa nama saniif ibsuuf qofa ta'uu.

Rabbiin Qur'aana keessatti ni jedha:

﴿۞وَلَا تُجَٰدِلُوٓاْ أَهۡلَ ٱلۡكِتَٰبِ إِلَّا بِٱلَّتِي هِيَ أَحۡسَنُ إِلَّا ٱلَّذِينَ ظَلَمُواْ مِنۡهُمۡۖ﴾

"**Abbooti kitaabaa waan gaarii ta'een malee hin falminaa, isaan keessaa warra zaalimota ta'an malee**." Suuratu Al-Ankabuut 29:46)

Abdurahmaan Sa'diyyi Aayah tana ilaalchise ni jedha: Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa namni falmu sunii beekumsa yoo hin qabaatin ykn bu'uura gammachisaa irratti yoo hin ta'in, abbooti kitaabaa waliin falmuu irraa ni dhoowwa. Wanta irra gaarii taaten malee akka isaan waliin hin falmine. Wanti irra gaariin kunis, amala gaarii, mararfannaa, dubbii laaffisuu, karaa hundarra gabaabaa ta'een gara haqaa waamu fi haqa kana miidhagsuu, soba irraa deebisuu fi fashaleessudha. Niyyaan isaaniin falmuu mormu, moo'achuu fi ol'aantummaa qofaaf osoo hin ta'in, haqa ibsuu fi namoota qajeelchuf ta'uu qaba. Garuu warroota kitaabaa keessaa nama zaalima ta'e waliin mormuun faayda hin qabu. Namni kuni nama yaanni isaa haqa fudhachuuf osoo hin ta'in namoota dallansuu fi isaan moo'achuuf qofa kan falmuudha. Nama akkanaa waliin falmuun faayda hin qabu. " Tafsiir Sa'idiyy-fuula 742

Kanaafu, Kiristaanota waliin yommuu falman of eeggannoo guddaa barbaachisa. Baaxila (soba) isaanii deeggaruuf Qur'aana irraa keeyyata muraasa namatti fidu. Ina kunoo Qur'aanni akkana jedha jechuun nama dhamaasu. Garuu sobni isaan irra jiranii fi keeyyanni Qur'aanaa waliif faalladha. Sababni isaas, haqaa fi sobni gonkumaa waliitti galuu hin danda'an. Kanaafi, Qur'aana irraa aayah (keeyyata) muraasa fudhachuun hiika isaa jallisuu barbaadu. Dhugaa fi soba walitti maku. Kana ilaalchisee Rabbiin ni jedha:

﴿يَٰٓأَهۡلَ ٱلۡكِتَٰبِ لِمَ تَلۡبِسُونَ ٱلۡحَقَّ بِٱلۡبَٰطِلِ وَتَكۡتُمُونَ ٱلۡحَقَّ وَأَنتُمۡ تَعۡلَمُونَ٧١﴾

“Yaa abbooti kitaabaa (Kiristaanota fi Yahuudota)! Maaliif dhugaa sobaan walitti maktanii osoo beektanuu dhugaa dhoksituu?” Suuratu Aali-Imraan 3:71

Aayah tanarraa akkuma hubannu Aalimoonni (hayyoonni amantii) karaa lamaan namoota jallinnatti dabarsu. **1ffaa**-d**hugaa fi soba walitti maku**. Hayyoonni amantii dhugaa fi sobaa yoo addaan hin baasin hawaasni dhama’uun jallinna keessatti kufa. **2ffaa- dhugaa dhoksu**- hayyoonni dhugaa isaan bira jiru yoo dhoksan namoonni dhugaa barbaadan akkamitti karaa qajeelatti qajeelu?

Kanaafu, dhugaa fi soba walitti makuun Peenxen ykn namni kiristaanaa yoo namatti fide, filannoo lamatu jira:
1ffaa- beekumsa ittiin falman yoo qabaatan, falmuun soba san harkaa fashaleessu. Beekumsa qabaatani garuu yoo tooftaa falmii hin beekin, odiyoo/vidiyoo fi barreefamoota gargaraa mata duree saniin wal qabatan isaaniif dabarsu.
2ffaa- beekumsa yoo hin qabaatin, isaan irraa garagaluu fi fagaachu. Taa’u baannan, sobni isaan namatti fidan dhugaa fakkaachun dukkanaa fi jallinna keessatti kufan. Rabbiin subhaanahu wa ta’aalaa ni jedha:

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ إِن تُطِيعُواْ فَرِيقًا مِّنَ ٱلَّذِينَ أُوتُواْ ٱلۡكِتَٰبَ يَرُدُّوكُم بَعۡدَ إِيمَٰنِكُمۡ كَٰفِرِينَ١٠٠﴾

“**Yaa warra amantan! Yoo garee warra kitaabni kennameef irraa ta’aniif ajajamtan, erga amantanii booda gara kufritti isin deebisu.**” Suuratu Aali-imraan 3:100

Waa'ee nabiyyi kabajamaa Iisaa (nageenyi isarratti haa jiraatu) ilaalchise ammaaf asirratti xumurra. In sha Allah gara fuunduraatti yoo Rabbiin umrii nu dheeresse, bal'innaan ni ilaalla. Wa Aakhiru daaw'aana anilhamdulillah Rabbil aalamin.

Kitaabban wabii:
Tafsiir Sa'idiyyi, Tafsiir Ibn kasiir, Tafsiir Zaadil Masiir-Ibn Al-Jawzi

Qunnamtiif:
Website: www.sammubani.com

Wordpress: https://sammubani.wordpress.com/
Facebook:https://www.facebook.com/jireenyabadhaatu/
Email: sammubani@hotmail.com

Jibril Abdalla -itti gaafatamaa fi barreessaa websaayitoota fi peejii